Osoo dhimmi keessan nama tokko irratti walitti qabamee jiruu, nama gargar isin baasee tokkummaa keessan balleessuuf gara keessan dhufe ajjeesaa

Arfaajaa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- kan akkana jedhanin dhagahe: "Osoo dhimmi keessan nama tokko irratti walitti qabamee jiruu, nama gargar isin baasee tokkummaa keessan balleessuuf gara keessan dhufe ajjeesaa".
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin, nagaa fi rahmatni irra haa jiraatuu Muslimoonni bulchaa tokkoo fi garee tokko irratti yoo walitti qabamanii, eegasii namni motummaa isatti falmuu barbaadu yoo dhufe, ykn Muslimoota garee tokkoo adda babaasuu barbaadu yoo dhufe, isa dhoorganii isaan loluun dirqama isaan irratti akka ta'e ibsan, sababni isaas miidhaa isaa ofirraa deebisanii dhiigni muslimootaa akka gad hin jigne taasisuuf jecha.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/58223